

*Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa
Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif
Qophaa'e*

**A WORKSHEET PREPARED TO HELP
THE 2020 OROMIA CTE GRADUATES
AND THOSE WHO RE-TAKE THE
PROFESSIONAL COMPETENCY
ASSURANCE TEST IN
SUPPLEMENTING THE ANNUAL
WORK INTERRUPTED DUE TO COVID-
19**



Biiroo Barnoota Oromiyaa



Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

KUTAA I GAAFII QABIYYEE

Gaaffilee armaan gadiitiif filannoowwan kennaman keessaa kan sirri ta'e filadhu.

BARNOOTA SEENAA (1-98)

1. Baroonni Seenaa gurguddoon: Bara durii, Bara jiddu galeessaa fi Ammayyaa jedhamuun kan qoqqoodaman maalirratti hundaa'uuni?
 - A. Argannoowwan ykn jijjiramoota diinagdee fi Siyaasaa gurguddoo jireenya dhala namaa keessatti mul'atan bu'uura godhachuun
 - B. Bara haaraa Kalaandarootaa bu'uura godhachuun
 - C. Dhalachuu fi du'uu moototaa bu'uura godhachuun
 - D. Guyyaa dhalootaa fi du'aa namoota beekamoo bu'uura godhachuun.
2. Barnoota Seenaa barachuun maaliif barbaachisee?
 - A. Seenaa dhaloonni dabre raawwate akkuma jirutti irra deebi'uun raawwachuuf.
 - B. Ta'eewwan Seenaa dhalli namaa raawwate hundaa duguuganii beekuuf.
 - C. Dogoggoroota dhaloonni dabre raawwate irratti tarkaanfii sirreessaa fudhachuuf.
 - D. Dogoggoroota fi dalagaawwan gaarii dhalli namaa raawwatee dabrerree muuxannoo argachuuf.
3. Barreeffamni waa'ee mootummaa Punt ibsu kan argame?
 - A. Barreeffama dhagaarraa naannoo magaalaa Yahaa irraa.
 - B. Qorannoo Arkeyooloojii naannoo Somaaleetti godhameen
 - C. Barreeffama Piraamiidi irraa kan biyya Misiritti argameedha
 - D. Ertiraa har'aa keessatti barreeffama Biraannaa irraa argame.
4. Waliigaltee Sadeeni (Tripartite) kan bara 1906 kan malleetteessan biyyoota kami?
 - A. Itoophiyaa , Xaaliyaanii fi Biritaniyaa
 - B. Itoophiyaa, Keeniyaa fi Eritiraa
 - C. Xaaliyaanii, Itoophiyaa fi Faransaay
 - D. Faransaay, Xaaliyaanii fi Biritaniyaa
5. Hambaan lafee Luusii ykn Dinqinash kan argame eessatti?
 - A. Hadaar
 - B. Gonaa
 - C. Dikikaa
 - D. Edaaltuu
6. Dameen qo'annaa kan hambaa meeshaa fi lafee nama durii qoratu maal jedhamuun beekama?
 - A. Bootaanii
 - B. Ji'ooloojii
 - C. Arki'ooloojii
 - D. Niwroooloojii

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

7. Itoophiyaan madda (bakka argama) dhala namaa kan jedhamtu sababa maaliifi?
 - A. Biyya sabaa fi sab-lammootaa waan taateef
 - B. Biyya bittaa kolonummaa jala hin galle waan taateef
 - C. Biyya hambaan lafee dhala namaa umurii dheeraa qabu itti argame waan taateef
 - D. Biyyoota Afrikaa keessaa kalandara (dhaha) mataashee kan qabdu waan taateef.
8. Sululli qinxamaan Gaanfa Afrikaa eddoo dhalli namaa bara dheeraan duraa jalqabee irra jiraate tahuu kan raggaasisu?
 - A. Ragaaleen Seenaa afaaniin dabran dhugaa bahuu.
 - B. Hambaaleen Arki'oolojii umurii dheeraa qaban hedduun naannoo kanatti argamuu.
 - C. Ragaalee Seenaa kan afaan Giriikii, Laatinii fi Gi'iiziiin barreeffamaan argamuu
 - D. Qilleensi naannoo kanaa jireenya dhala namaaf baay'ee mijataa tahuu
9. Kanneen aramaan gadii keessaa tokko madda odeeffannoo seenaa sadarkaa tokkoffaa **miti**
 - A. Siidaawwan
 - B. Saantimoota
 - C. Gamoowwan
 - D. Kitaabilee maxxanfaman
10. Waa'ee Nuubiyaa (Kush) durii ilaalchisee kan **sirrii hin** taane isa kami?
 - A. Akkuma Misiroota durii Piraamidoota ijaaruun beekamu.
 - B. Magaalli guddoon Naappataa jedhamti.
 - C. Bara 350tti Aksum weeraruun barbadeessan.
 - D. Hojii Sibilaatiin daran kan beekaman turan.
11. Saantimoonni Warqii, Meetiifi Biroonzii Aksumotaa?
 - A. Daldala biyyoota alaa wajjin gaggeeffamuuf kan qophaa'aniidha.
 - B. Fakkiin mootoota Aksum kan irratti bocameedha.
 - C. Barreeffama afaan Giriikii fi Gi'iizii ofirraa qaban.
 - D. Hunduu deebii ni tahu.
12. Mootummaa Aksum ilaalchisee himni sirrii hin taane isa kami?
 - A. Mootummoota Giriikii fi Roomaa waliin hariiroo cimaa uumuu dandeessee turte.
 - B. Manneen waaqeffannaa fi bataskaanoota hedduu ijaaranii jiru
 - C. Buna hamma Suudaanitti daldaluun beekamoo turan.
 - D. Saantimoota Warqii fi meetii irraa bocanii jiru.
13. Kanneen armaan gadii keessaa kufaatii Mootummaa Aksumiif sababa kan ta'e isa kamii?
 - A. Fincila horsiisee bultoota Beejaa
 - B. Gocha baratamaa ummata Ayhudootaa
 - C. Babal'achuu amanti Kiristaanaa
 - D. Weerara biyya Xaaliyaanii
14. Seenaa qarooma Aksum keessatti yeroon jaarraa saddeettaffaa hanga kudha lammaffaa jiru maaliif '*bara dukkanaa*' jedhamuun moggaafamee?

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- A. Seenaan Aksumotaa kan yeroo kanaa waan sirriitti hinbeekamneefi.
B. Qaroomni Aksum yeroo kanatti daran waan dagaageefi.
C. Aksumonni baroota kana waraana walii waliinii gaggeessaa waan turaniifi.
D. Aksumonni bara kana galaana Diimaa ce'uun Yeman waan bulchaniifi.
15. Mootummaan Aksum daldalaan hanga biyyoota baha fagootti beekamaa ture. Buufanni doonii fayyadamaa ture maal jedhama?
A. Bo'oo Siwiiz
B. Jibuutii
C. Adulis
D. Mombaasaa
16. Maddii aangoo fi qabeenyaa mootota Aksum maali ture?
A. Gibira ummata irraa sassabamu
B. To'annaa daldala biyya alaa
C. Hojii warshaa fi Albuudabaasuu
D. A fi B deebiidha.
17. Gumaachi qarooma Aksum inni guddaan isa kam ture?
A. Ijaarsa riqichaa
B. Ijaarsa masaralee
C. Ijaarsa mana Amantii siidawwanii
D. Ijaarsa siidawwanii
18. Jaarraa 6ffaa Dh.K.Booda Aksum maaliif Arabiyaa kibbaa weerarte?
A. Amantaa kiristinaa babaldhisuuf
B. Kiristaanota Arabiyaa kibbaa jiraatan du'a irraa oolchuuf
C. Pershiyaanota achii ari'uuf
D. Siidaa waaqeffattoota balleessuf
19. Dabareewwan Seena keessaa 'kan qabatamoo *hin* taane' jedhamuun kan beekaman?
A. Afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan ce'aniidha.
B. Masaroota, siidaawwan, manneen waaqeffannaa fi kkf.
C. Kennaawwan naannoon tokko uumamaan argatu kanakka teessuma lafaa hawwataa fa'a.
D. Dabareewwan yeroo ammaa hinjirre garuu kan Arki'oloojistoonni qorachuun argataniidha.
20. Sababa gara Itoophiyaa seenuu amantii Kiristaanaatiin wantoota dhufan keessatti kan **hin** hammatamne isa kami?
A. Jireenya afuuraa
B. Babal'ina hog-barruu

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- C. Babal'ina amantii
D. Jalqabamuu barnoota amantiirraa bilisaa (Secular)
21. Naannoo gaanfa Afrikaatti Amantii Kiristaanummaa babal'isuun kan beekaman?
A. Fireemnaaxoos ykn Abuna Salaamaa
B. Mootii Izaanaa, Zooskaalas fi Kaaleeb
C. Qulqulloota Saglan biyya Siiriyaati dhufan
D. Weeddisaa fi Faarfannaa Yaareed
22. Amantiin Islaamaa gara gaanfa Afrikaa seenuun kan lafa bal'aa waliin gahe?
A. Duula Jihaadii Musliimomni Arabiyaa bara 702tti raawwataniin.
B. Daandii daldalaa hordofuun lallabdoota fi daldaltoota Arabaatin.
C. Musliimomni jalqabaa warra Qureeyshii dheeffuun gara Aksum yoo baqatan.
D. Ibiin Ahmad (Ahmad Giraany) bara 1529 – 1543tti gaanfa Afrikaa yoo bulchu.
23. Barri Mootummoota Zaagwee kan ittiin beekamu?
A. Deeggarsa bataskaana Ortodooksii qabaachuun.
B. Bataskaanoota dhagaa tokkorraa bocaman hedduu ijaaruun.
C. Siidaawwan dhedheeraa tahan dhaabuudhaan
D. Giddugaleessa (teessoo moototaa) dhaabbataa kan hin qabnee tahuu isaani.
24. 'Mootummaa Solomoonawaa' deebisee kan hundeesse mootii kamii?
A. Na'aakutoola'aab
B. Laalliibalaa
C. Kaaleeb
D. Yikunoo Amlaak
25. Sababni guddaan dadhabaa deemuu mootummaa zaaguwee durii maali?
A. Waldorgommii taayitaa qabachuu
B. Daldalli alaa irraa addaan cituu
C. Fincila ummata Beejaa
D. Arabootni Galaana diimaa qabachuu
26. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu dura raawwatee?
A. Ijaarsa Masaroota Goondar
B. Ijaaramuu bataskaanota Laliibalaa
C. Dhaabachuu Siidaa Aksum
D. Hundeeffamuu Finfinne
27. Sababni ijoo walitti bu'iinsa mootota kiristaanaafi mootota Islaamaa gaanfa Afriika bara giddugaleessaa
A. Garaagarummaa amantii
B. Walmorkii buufataalee daldaalaa galaana Diimaa to'achuuf godhame
C. Fedhii to'annaa daldaala Zeyilaafi dandiilee
D. Giddu seenummaa humnoota biyyoota alaa

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

28. Yeroo waraana Ibin Ahmad (Ahmad Giraanyi) biyyi Poorchugaal kan mootummaa Kiristaanaa cinaa hirirtee maaliif ture?
- Amantii Kaatoloikii naannichatti babal'isuuf
 - Naannicha Kolonummaan qabachuuf
 - Lammilee isaanii Ibin Ahmad mana hidhaatti galche hiiksisuuf
 - Waamichaa fi kadhaa Otomaan Turkoonni godhaniin ture.
29. Mootummaa Kafaa ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa kamtu **dhugaadha**?
- Maqaan moototaa isaanii **Mikereechoo** jedhama
 - Bifa qindaa'een diina isaanii ofirraa faccisu
 - Itoophiyaa Tewodiroos tokkummeesse keessaa garee tokko turan
 - Wereera Mahaadistoota karaa Sudaan boodatti deebisuu keessatti gahee taphataniiru
30. Mootummoota Gibee shanan (5) keessatti kan **hin** ramadamne isa kami?
- Limmuu Inaariyaa
 - Leeqaa Naqamtee
 - Jimmaa
 - Gommaa
31. Waa'ee Mootummaa fi Magaalaa Haarar kan sirrii **hin** taane isa kami?
- Weerara ofirraa itisuuf jaarraa kudha jahaffaa keessa dallaan Jagol ijaarrame
 - Mootiin sirna motummaa Haararii hundeessee Alii Ibin Daawuud jedhama.
 - Waggoota kudhaniif (1875 – 1885) to'annaa Misirootaa jala turte.
 - Haarar giddu galeessa barnootaa fi waaqeeffannaa amantii Kiristaanaa turte.
32. Sababni ijaarsa dallaa Harar (Jogool) maal ture?
- Magaalattiin daawwattoota akka harkistu gochuuf
 - Magaalattii giddugaleessa daldalaa gochuuf
 - Magaalattirraa babal'ina uummata Oromoo ittisuuf
 - Qarooma gara magaala Harar seensisuuf
33. Magaalli Goondar giddu galeessa teessoo moototaa fi siyaasaa taatee kan hundoofte bara mootii kamiiti?
- Suusiniyoos
 - Amda Tsiyoon
 - Minilik II
 - Faasiladas
34. Mootiin Faasiladas (1632- 1667) akkuma gara aangoo dhufeen tarkaanfiin inni fudhate maal turee?
- Amantiin mootummaan isaa hordofu Kaatolikii tahuu isaa labsuu.
 - Itoophiyaanota amantii Kaatolikii hordofaniif mirga waaqeeffannaa kennuu.
 - Lamileen biyyaa alaa akka Itoophiyaa gadlakkisaniin bahan gochuu.
 - Lammiin alagaa gara Itoophiyaa seenuun akka daawwatu hayyamuu.
35. Sirna **Gadaa** uummata Oromoo keessatti
- Aangoon moototaa daangaa hinqabu

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- B. Aangoo siyaasaa kan murtaa'uu abbootiidhaan ta'a
C. Abbootiin **Gadaa** masaraa mootummaa keessa taa'u
D. Abbootiin duulaa caffee keessatti harka caalmaa qabu
36. Sirni bulchiinsa hawaas-diinagdee fi siyaasaa Uummata Oromoo maal jedhamuun beekamaa?
A. Gadaa
B. Limmuu
C. Ifaat
D. Sikkaa
37. Gara Lafa ol ka'aa giddugaleessa Itoophiyaatti babaldhifachuu ummata Oromoof sababa kan hin taane;
A. Bara 1527 – 1543 waraana musilimotaa fi kiristaanote giddutti godhamee humni lamaanuu dadhabuu.
B. Sirna guddiffachaa fi Oroomessuu uummata Oromoo.
C. Oromootni meeshaa waraanaa ammayyaa qabaachu
D. Sirna Gadaa
38. Abbaan Gadaa tokko waggaa meeqaaf aangoo irra tura?
A. Waggaa 16
B. Waggaa 8
C. Waggaa 10
D. Waggaa 12
39. Bara Abboota Waraanaa (Zamana Masaafintii) keessa Oromoonni Walloo magaala Gondar keessatti aangoo ol'aanaa qabataniituran eenyu jedhamu?
A. Oromoota Raayyaa
B. Oromoota Yejjuu
C. Oromoota Kamisee
D. Oromoota Booranaa
40. Mootota Itoophiyaa baraa keessaa kan lafa bal'aa qabachuun uumamuu danaa Itoophiyaa har'aatif sababa tahe eenyu?
A. Tewodroos II
B. Yohaannis IV
C. Miniliik II
D. Haayila Sillaasee I
41. Gootota Itoophiyaa Keessaa kan waraana Adwaa (1896) fi deebi'ees yeroo weerara Xaaliyaanii osoo qabsaa'uu ajjeefame kami?
A. Jeneraal Abdiisaa Aagaa
B. Fiitaawraarii Habtagiyoorgis Diinagdee

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- C. Dajaazmaach Baalchaa Saafuu
D. Balaay Zallaqaa Qilxuu
42. Keeyyanni 17^{ffaa} n waliigaltee Wucaalee ka'umsa waraana isa kamtu sababa tahe?
A. Maqdallaa
B. Adwaa
C. Dogaalii
D. Wooyinaa Daga
43. Injifannoo Adwaa ilaalchisee himni sirrii **hin** taane isa kami?
A. Dirree waraanaa isa jalqabaa kan ummanni gurraachi warra adii itti mo'atan dha
B. Injifannoo Itoophiyaanonni biyyoota Afrikaa biroof fakkeenya gaarii itti ta'an dha.
C. Mootummaa Miniliik kan laaffisedha.
D. Tokkummaa ummata Itoophiyaa cimseera.
44. Qabsoo Qonnaan bultoota Itoophiyaa keessaa, qabsoo Qonnaan bultoota Baalee maaltu adda isa godhaa?
A. Deeggarsa biyya alaa argachuu
B. Safarii fi gibira lafaatin walqabachuu
C. Bifa qabsoo amantii qabaachuu
D. A fi C'n deebii dha.
45. Seenaa Itoophiyaa keessatti dubartiin aangoo mootii moototaa gonfatte tami?
A. Xaayiyuu Bixxuul
B. Zawdituu Miniiliik
C. Iteegee Mintiwaab
D. Iteegee Wabii
46. Dirreen Waraanaa Raas Tafariin loltoota Liji Iyyaasu itti moo'ate?
A. Galamsoo
B. Sagalee
C. Fiichee fi Gaara Mul'ataa
D. Mi'eessoo
47. Bulchiinsa Hayila Sillaasee fi Dargii kan walfakkeessu?
A. Mootota tahuu
B. Waaqayyoon dibamne jedhu
C. Fedhii uummata bal'aa guutuu dadhabuu
D. Lafti harka mootummaatti galuu.
48. Hariiroon dirree waraanaa fi biyyi waraanaan mo'amte sirrii **hin** taane kami?
A. Gurraa-Suudaan
B. Dogaalii-Xaaliyaanii
C. Matammaa-Mahaadota
D. Adwaa-Xaaliyaani
49. Bakka dirree Waraanaa Guraatti

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- A. Humni wereertootaa guutummaatti injifatamanii turan
 - B. Mahaadistoota jalaa humna waraanaa hedduutu dhumate
 - C. Humni waraanaa Xaaliyaanii mo'atamanii turan
 - D. Yohaannisiifi Miniliiki waliin ta'anii diina isaanii rukutaa turan
50. Waa'ee dirreewwan waraanaa Gundatii fi Gurraa kan sirrii tahe isa kami?
- A. Kan gaggeeffaman bara 1875 fi 1890 walduraa duubaan ture
 - B. Loltoota Itoophiyaa fi Misir gidduutti kan gaggeeffame ture.
 - C. Waraanichi bilisummaa Afrikaatiif bu'uura taheera.
 - D. Ajajaan loltoota Jeneraal Naappiyeer ture.
51. Motoota Itoophiyaa armaan gadii keessaa kan harka diinoota biyya alaatin ajjeeffame kami?
- A. Tewodroos II
 - B. Yohaannis IV
 - C. Liji Iyyaasuu
 - D. Mangistuu Hayilamaariyaam
52. Mootota Itoophiyaa keessaa kan si'a jalqabaaf amantii kirstaanummaa fudhate eenyu?
- A. Izaanaa
 - B. Saayizaanaa
 - C. Fireemnaaxoos
 - D. Faasiladas
53. Mootummoota Itoophiyaa durii keessatti kan **hin** hammatamne isa kami?
- A. Puunt
 - B. Da'amat
 - C. Beejjaa
 - D. Zaaguwee
54. Bulchaan xumuraa Emireetii Harar eenyu?
- A. Ahmad Ibin Ibraahiim
 - B. Amiir Abdullaahii
 - C. Amiir Mootaalamii
 - D. Mootii Izaanaa
55. Mootummaa Walaayittaa kan hundeesse eenyu?
- A. Mootaalamii
 - B. Taatoo Gaakii Shaarichoo
 - C. Ahimad Giraany
 - D. Mootii Izaanaa
56. Waa'ee hawaasa Koonsoo ilaalchisee himni sirrii isa kami?
- A. Bataskaanoota dhagaarraa bocuudhaan (ijaaruun) beekamu
 - B. Beekumsa ijaarsa daagaa kan aadaa qabu.

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- C. Bulchiinsa siyaasaa qabaachuun beekamu
D. Dhaha (Kalaandara) adda tahe qabu ture.
57. Qabsoo seenaa bilisummaa Afrikaa keessatti barri 1960 maal jedhamuun beekama?
A. Bara Kolonummaa
B. Bara Afrikaa
C. Bara du'a Paatris Lumumbaa
D. Bara yaa'ii shanaffaa Paan Afrikaanizimii
58. Labsiin Mirga Namummaa Addunyaa (UDHR) bara _____ tti Dhaabbata Mootummoota Walta'aniin labsame.
A. 1948
B. 1945
C. 1954
D. 1957
59. Kaasaa Marcaa inni Tigree yeroo aangoo qabatu maqaa gonfoo inni fayyadama?
A. Mootii Moototaa Yohaannis IV
B. Mootii Moototaa Tewodros II
C. Mootii Moototaa Suusiniyoos
D. Mootii Moototaa Takilagiyoorgis
60. Humnoota biyya alaa armaan gadii keessaa kan waraana kallattii bara mootii Yohannis Itoophiyaa wajjin **hin** geggeessine kami?
A. Misir
B. Ingiliz
C. Xaaliyaanii
D. Sudaan
61. Mootiin Moototaa Miniliik II bara bulchiinsa isaa kan **hin** raawwanne isa kami?
A. Daangaa biyyattii daangeessuu
B. Tokkummaa biyyattii cimsuu
C. Teknooloojiiwwan ammayyaa hedduu gara biyyaatti fiduu
D. Afaan Gi'iiizii afaan hojii biyyattii gochuun labsuu
62. Tafarii Makonnin osoo Haayilasillaasee I jedhamee gara aangootti hin dhufiin dura dhaalaa gonfoo eenyuu ture?
A. Giiftii Zawdituu
B. Giiftii Xaayituu
C. Giiftii Illeenii
D. Giiftii Manan
63. Kanneen armaan gadii keessaa heera Itoophiyaa bara 1931 ilaalchisee kamtu sirriidha?
A. Aangoo siyaasaa mootummoota gara naannooletti gad buusuuf kan qophaa'edha
B. Abbootiin lafaa akka to'annoo mootii jalatti kufan godheera
C. Aangoon mootota naannoolee akka cimuu karaa saaqeera

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- D. Waajjirri muummicha ministeeraa akka hundaa'uu godheera
64. Heerri barreeffamaa Itoophiyaa inni jalqabaa kan hojiirra oole bara:
- A. 1931
 - B. 2003
 - C. 1981
 - D. 1985
65. Itoophiyaan miseensa Liigii Mootummoota Addunyaa tahuun kan galmoofta bara:
- A. 1923
 - B. 1934
 - C. 1940
 - D. 1987
66. Kanneen armaan gadii keessaa weerarri Xaaliyaanii bara 1935–1941 bu'aa gaarii Itoophiyaaadhaaf akka buusetti kan ilaalamu isa kami?
- A. Sarbamuu mirga namummaa
 - B. Geejjiba ammayyaa gara biyyaatti galchuu
 - C. Tajaajila poostaa yeroo jalqabaaf gara biyyaatti seensisuu
 - D. Gabrummaa biyya keessaa balleessuu
67. Bara jiddugaleessaa Awurooppaatti haaromsi aartii fi saayinsii Girikii fi Roomaa maal jedhamuun beekama?
- A. Inlaayitmentii
 - B. Reenaayisaansii
 - C. Riifoormeeshinii
 - D. Faallaa Riifoormeeshinii (Counter reformation)
68. Kanneen armaan gadii keessaa bu'aa waraana Shumburaa Kuree kan tahe isa kami?
- A. Nageenyii fi tasgabbiin naannoo kaaba Itoophiyaatti argamuu.
 - B. Mootummaan Kiristaanaa injifannoo argachuu
 - C. Loltoonni Ahmad Giraanyi qabeenya Bataskaanaa hedduu barbadeessuu
 - D. Mootummaan Kiristaanaa Ahmad Giraanyiin gaggeeffamu hundaa'uu
69. Waraana Maqdallaa ilaalchisee himni sirrii **hin** taane isa kami?
- A. Loltoonni Biritaniyaa qabeenya biyyattii hedduu fi ilma Tewoodroos dabalatee saamuun deebi'anii deeman.
 - B. Waraanichi loltoota Tewoodroos II fi Biritaniyaa jidduutti gaggeeffame
 - C. Mootiin Moototaa Tewoodroos II xumura waraanichaa irratti ofiin of ajjeese
 - D. Itoophiyaan injifannoo argatte
70. Mootiin Tewoodroos II kan **hin** raawwanne isa kami?
- A. Magaala Gondar teessoo mootummaa isaa godhachuu
 - B. Daldala gabraa (slave) balleessuuf yaaluu
 - C. Afaan Amaaraa afaan hojii gochuu
 - D. Bulchiinsaa fi qabannaa lafaa fooyyeessuu

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

71. Bataskaanota Laallibalaa kan dhagaarraa bocaman (rock hewn) ilaalchise himni sirrii **hin** taane isa kamii?
- Mootii Lallibalaadhaan ijaaraman
 - Kan Misir fi Sumeeriyaanotaan ijaarame dha.
 - Iyyarusaalem lammataa jedhamuun beekaman
 - Sadarkaa ogummaa ijaarsa dinqisiifamaa Itoophiyaa barasanaa agarsiisa
72. Seenaa Itoophiyaa keessatti hoteelli jalqabaa kan baname eenyuuni?
- Giiftii Illeenii
 - Giiftii Manan
 - Giiftii Xaayituu
 - Giiftii Mintiwaab
73. Gochoota Leebaashaayii fi Quraanyaa akka badan kan taasise eenyuu?
- Mootii Moototaa Miniliik II
 - Lij Iyyaasuu
 - Mootii Moototaa Tewoodroos II
 - Mootii Moototaa Haayilasillaasee I
74. Gareen ergamtoota Bataskaana Kaatolikii kan jaarraa 16^{ffaa} keessa Itoophiyaa gara Kaatolikiitti jijjiiruuf ergamanii dhufan maal jedhamu?
- Luutaraanizimii
 - Hordofoota Joon Kaalviin
 - Jesuu'itoota (Jesuits)
 - Pirotestaantota
75. Itoophiyaa ilaalchisee kan sirrii **hin** taane kamii?
- Biyattiin bara 1960 bittaa kolonummaa jalaa biliisa baate
 - Biyattiin qooqa (afaan dubbii) hedduu qabdi
 - Argannoowwan arki'oolojii baay'ee qabaachuun beekamti
 - Itoophiyaan lakkoofsaa fi qubee barreeffamaa mataa ishii qabdi
76. Adda waraanaa shumburaa kureetti ijifannoo Ahmed Giraanyiif kan gumaache maal?
- Musilimoonni humna waraanaa guddaa qabaachuu
 - Meeshaa waraanaa Ammayyaa Turkii irraa argachu
 - Dandeezii hoggansa Ahmed Giraanyiifi kutannoo loltoota isaa
 - B fi C deebiidha
77. Kamtu mootummaa Islaamaa isa jalqaba hunda'edha?
- Haadiyyaa
 - Adaal
 - Ifaa
 - Shaawaa

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

78. Guyyaa hamaa “kifu Qen”kan jedhamu kami?

- A. Dhukkuba Bunaa
- B. Bara jeequmsa siyaasaa
- C. Dhaabbatni safarrii lafaa hundaa'uu
- D. Beela cimaa 1888- 1892 Itoophiyaa ture

79. Dhaadannoon barattoota yuniversitii bara 1965 qabatani dandeetti hiriira bahan;

- A. Lafi Abbootii Lafaaf
- B. Lafti qonnaan bulaaf
- C. Itoophiyaan haadursitu
- D. Sooshalizimii Itoophiyaa

80. Seenaa Itoophiyaa keessatti barri bulchiinsa Dargii kan ittiin *hin* beekamne isa kami?

- A. Barnoota Idilee fi ga'eessota babal'isuu, uummata dirqiin barsiisuu.
- B. Sirna Soshaalizimii, qabeenya waliinii fi diinagdee ajajamaa.
- C. Waraana walii waliinii fi dargaggoota dirqiin gara waraanaa erguu.
- D. Fincilaa fi mormii barattoota manneen barnoota sadarkaa lammaffaa fi Yunivarsiitii.

81. Sababa Kufaatii Dargii kan *hin* taane kami?

- A. Fincillii Qabsaa'oota Tigraay fi Eritiraa finiinuu
- B. Kufuu sirna Sooshalizimii Raashiyaa
- C. Deeggarsa uummataa qabaachuu
- D. Hunduu deebiidha

82. Zimbaabwee guddittiin kan ittin beekamtu;

- A. Sirna barreeffaman
- B. Fakkii keenyaniin
- C. Ijaarsa dhagaan
- D. Impaayera Ijaaruun

83. Daldala garbaa qaxxaamura Atilaantikii irraa galii isa guddaa kan argataa turte;

- A. Afriikaa
- B. Awurooppaa
- C. Eeshiyaa
- D. Ameerikaa

84. Misir Durii wiirtuu qarooma bara durii kan taate sababa maaliin?

- A. Caarra guddaa qonnaa sulula laga Naayiliin walqa batee qabdu.
- B. Dhiyeenya isheen qarooma baha dhiyoo fi meeditaraaniyattin qabdu.
- C. Qabeenya biyyoota naannoo sahaaraa gadiisamuun fayyadamu
- D. Hundi deebii

85. Taateen yeroo Giriikiin Misiriin qabatan raawwatekan **hin** taane kami?

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- A. Hundeeffamuu magaalaa Aleeksandariyaa
B. Sirna mootii Pootolomii hundeessuu
C. Baha giddu galeessaa keessatti deebi'ee dagaaguu mootummoota Islaama
D. Giriikoonni aadaa Misiroota fudhachuu
86. Humni Awarooppaa yeroo jalqaba garba Hindii seene kamidha?
A. Daachi
B. Poorchugaal
C. Inglizii
D. Ispeen
87. Maatii afaanii gurguddoo Afriikaa keessaa kan Itoophiyaa keessaatti ballinaan dubbatamu
A. Naayiloo- Sahaaraan
B. Kohi- Saan
C. Afroo- Eshiyaati
D. Niijer- Koongoo
88. Fincila maajii maajiif sababa bu'uura kan hin taane kami?
A. Walabaan socho'uu meeshaalee fi namootaa
B. Miidhaa ummata baldhaa irra gahe
C. Gibira ulfaataa
D. Hojii dirqisiisuun hojechiisuu
89. Biyyootni imammata bulchiinsa kolonii kallattii Afrikaa hordoftu;
A. Jarmanii
B. Faransaay
C. Ingilizii
D. Poorchugal
90. Biyyi naannoo sahaaraa gadii jalqaba bilisuummaa ishee gonfatte kamidha?
A. Zimbaabwee
B. Giinii
C. Naayijeriyaa
D. Gaanaa
91. Ummata jalqabaa Ameerikaakan ta'an kami?
A. Hindoota diimoo
B. Gurraachota Ameerikaa
C. Ameerikaa warra Adii
D. Hindoota keelloo
92. Jaarraa 16ffaa fi 17ffaa sochii rifoormeshinii Awurooppaatti maaltu ta'e?

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- A. Jijjiiramni sirnabulchiinsaa muldhachuu
B. Magaalotatti sochiin saffisaa indusitirii ta'uu
C. waraanni Amaantii eegaluu
D. Waldhabdeen kiristaanotaa fi musulimotaa guddachuu
93. Sirna dulloomaa bulchiinsa Faransaay keessatti gitni walabaa fi faayidaa argachaa ture kami;
A. Hojjetoota magaalaa
B. Ummata baldhaa
C. Ummata % 3 qofaa
D. Dureeyyii Burzyaa kan ta'an
94. Tokko bu'aa waraana bilisummaa Ameerikaa miti?
A. Warraaqsa ajaa'ibsisaa Ingilizii fide
B. Dhalachuu Mootummaa Tokkummaa Ameerikaa
C. Jijjiirama imaammata bulchiins Ingilizii fide
D. Warraaqsa Faransaayi fide
95. Sababni bu'uuraa waraana Addunyaa tokkoffaa;
A. sirni Faashitii eegaluu
B. Ajjeeffamuu Ferdinaand
C. Impeeriyaalizimii
D. Kufaatii Liigii mootummootaa
96. Waraanni ololaa bara seenaa isa kam keessatti ramadama?
A. Seenaa si'anaa
B. Seenaa Ammayyaa isa duraa
C. seenaa bara giddugaleessaa
D. seenaa Bara Durii
97. Sochiin Amantiin pirotestaanti Amantii kaatolikii irraa fottoquuf ta'e maal jedhama?
A. Rifoormeeshini
B. Miti Rifoormeeshinii
C. Jijjiirra Amantii
D. Reenesansii
98. Seenaa Itoophiyaa keessatti, barri 1906- 1930 jiru
A. Bara Xaaliyaaniin gara Itoophiyaatti baballifatteefi kaaba Itoophiyaa itti qabattedha
B. Bara aangoon mootummaa giddugaleessaa itti cimedha
C. Bara waraanni biyyoottan alaa wajjin itti geggeeffamaa turedha
D. Bara nageenyiifi tasgabbiin siyaasaa itti dhabamedha

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

BARNOOTA JI'OGRAFII (99-160)

99. Argama bir-qabaa Itoophiyaa ilaalchisee soba kan ta'e kami?
A. Itoophiyaan dhiha Jibuutiitti argamti
B. Itoophiyaan baha Somaaliyaatti argamti
C. Itoophiyaan baha Suudaanitti argamti
D. Itoophiyaan kaaba Keeniyaatti argamti
100. Waxabajjii 21^{ffaa} ilaalchisee kamtu dhugaa dha?
A. Lafti dakeen kibba baha Itoophiyaa rooba gannaa argata
B. Sararri ITCZ fi dhiibbaan qilleensa xiqqaa kibba Itoophiyaatti uumama.
C. Bubbeen Ikkuwaatoriyaal-Weestarliisii rooba gannaa Itoophiyaarratti uuma.
D. Ciisaan Affaar bubbee Galaana Diimaarraa ka'uun rooba argata.
101. Kannen armaan gadii keessa tokko ragaa laftii danaa korbootti dhiyaatu qabachuu ishee hin mirkaneessu.
A. Suura lafaa saatalayitiirraa fudhatamee
B. Gaaddidduun lafaa fuula ji'aarratti mul'aachuu.
C. Gaaddidduun ji'aa fuula lafaarratti mul'aachuu.
D. Aduun bahuu fi lixuu ishee.
102. Qaama bishaan isaa kamtu Gaanfa Afrikaa waliin wal daangeessa?
A. Garba Paasifikii
B. Galaana Mediteraaniyaanii
C. Garba Atlaantikii
D. Galaana Diimaa
103. Faayidaa qabeenya bishaan Baha Afrikaa kan hin taane kami?
A. Man-kuusaa peetirooliyeemii
B. Qonna jallisii
C. Humna ibsa maddisisuu
D. Qurxummii kiyyeessuu
104. Yeroo dheeraaf biyyoonni yaa'a olii laga Naayilii irraa faayidaa misooma argachaa hin ture. **Sababa ijoo kan hin taane** kami?
A. Walitti bu'iinsa biyyoota keessa ture
B. Cimina biyya Misiraa soddarraa kan ka'e
C. Qindoomina dhabuu biyyoota yaa'a olii
D. Hanqina teeknooloojii fi hiyyummaa
105. Faayidaa kaartaa kan ta'e adda baasi?

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- A. Karoora misoomaaf oola
B. Dooniin (yabaltoonni) bishaan irraa adeemuuf
C. Argama wantootaa kenna
D. Hunduma
106. Kaartaa irratti halluun cuqullisaa maal bakka bu'a?
A. Lafa olka'iinsa guddaa qabu
B. Qaama dachee diriiraa
C. Qaama bishaanii
D. Lafa biqilootaan uwwifame
107. Wixinee kaartaa ilaalchisee kan sirrii hin taane isa kami?
A. Mata duree fi agarsiistuu kaabaa qaba
B. Iskeeliidhaan kaafama
C. Argama bu'uuraa taateewwan murtaa'oo agarsiisa
D. Taateewwan adda addaa agarsiisuuf mallattooleetti fayyadama
108. Odeeffannoo handaara kaartaa kan ta'e isa kami?
A. Iskeelii kaartichaa
B. Sararoota olka'iinsa lafaa mul'isan
C. Suuraa qilleensarraa ka'u
D. Odeenfannoo Sirna Ji'oogiraafii (GIS)
109. Kaartaa irratti sararri bakkaawwan dhiibbaa qilleensaa **wal-qixa** ta'an qunnamsiisu maal jedhama?
A. Isoneph
B. Isohyets
C. Isohels
D. Isobar
110. Dhiibbaa uumamaatin kan ka'e faca'iinsa biqiloota uumama Baha Afrikaa kan *hin* to'ane kami?
A. Madaala uumamaa
B. Qilleensa baramaa
C. Saanqaa baasuu
D. Teessuma lafaa
111. Kannen armaan gadii keessa tokko dhiibbaa saffisaan dabaluu lakkoofsi ummataa biqiloota uumamaa irratti qabu dha.
A. Badiinsa biqiloota baayina fi sanyii
B. Badiinsa bineensota
C. Jijjirama qilleensaa
D. Beela irra deddeebii
112. Saffisan dabaluu lakkoofsa ummataa dhiibbaa akkami bineensota bosonarratti qaba?

Gaaffii Shaakallii Gosa Barnoota Saayinsii Hawaasaa Sagantaa Dippilomaan KBB irraa Bara 2012 Eebbifamanuufi kanneen Irra-Deebiin Qormaata Gahumsa Ogummaa fudhataniif Qophaa'e

- A. Faalama bishaanii
B. Babal'achuu magaalaa
C. Godaansaa fi du'a bineensoota
D. Googinsa bishaanii
113. Tarsiimoo kunuunsa biqiltoota kan *hin ta'iin* kami?
